# GARGAARSA FILATTOOTAA

VOTE 2026

*Filattoonni miidhaa qaamaa garaagaraa qaban, dhuunfaa fi of danda'uudhaan akka filatan karaaleen hedduun jiru.*

### *DHAQABAMUMMAA BAKKA FILANNOO*

Seerotni isteetii fi federaalaa, bakkeewwan filannoo dhaqabummaa akka qaban/mijaawaa akka ta'an gaafatu. Magaalotaa fi gandoonni yeroo baay’ee bakkeewwan filannoo kan filatan yoo ta’u, bakkeewwan kun hundaaf mijataa ta’uu isaaniitiif itti gaafatamummaa qabu.

### *GARGAARSA NAMOOTA BIROO IRRAA*

Yommuu sagalee kennittan nama barbaaddan fidattanii akka isin gargaaran gochuu dandeessu ykn qondaaltota filannoo irraa gargaarsa argachuu dandeessu. Hojjechiisaa keessan ykn waldaa hojjettootaa keessan irraa gargaarsa argachuu hin dandeessan. Namni isin gargaaru adeemsa filannoo hunda keessatti hirmaachuu danda’a. Namoonni isin gargaaran akkamitti akka filattan dhiibbaa isiniirratti gochuu hin danda'an ykn eenyuun filachuu akka barbaaddan isaanitti himuu yoo hin dandeenye, isiniif sagalee kennuu hin danda'an.

### *GUYYOOTA 2026*

***DURSAA FILADHAA***
*Waxabajjii 26 – Hagayya 10*

***DURSAA GALMAA'AA***
*Hamma Adoolessa 21tti*

***FILANNOO SADARKAA DURAA***
*Kibxata, Hagayya 11*

***DURSAA FILADHAA***
*Fuulbaana 18 – Sadaasa 2*

***DURSAA GALMAA'AA***
*Hamma Onkololeessa 13tti*

***GUYYAA FILANNOO***
*Kibxata, Sadaasa 3*

### *AFAANIIN MIRKANEESSA KENNUU*

Eenyummaa keessan afaaniin mirkaneessuuf mirga qabdu; akkasumas maqaa keessan mallatteessuu yoo hin dandeenye, namni biraa akka isiniif mallatteessu gaafachuu dandeessu.

### *FILATTOOTA EEGUMSA JALA JIRAN*

Yoo abbaan murtii ajaja mana murtiitiin addatti mirga filachuu keessan isin irraa mulqe malee, eegumsa jala taatanii sagalee kennuu dandeessu.

*karaa duubaa itti fufa...*

**Waajjira Sekreetarii Isteetii Minnesota**

*mnvotes.gov • BILBILA: 1-877-600-VOTE • ERGAA GABAABAA: 651-217-3862*

# GARGAARSA FILATTOOTAA

*...karaa fuulduraa irraa kan itti fufe*

## *MAASHINII FILANNOO MIJAAWAA TA'E*

Bakkeewwan filannoo maashinii sagalee filannoo isiniif mallatteessu danda'u qabu. Yoo qalamaatti fayyadamuu hin dandeenye (ykn fayyadamuu hin barbaadne), maashiniin kun iccitii keessan isiniif eega. Maashiniin kun iskiriinii waraqaa filannoo sana qubee guguddaadhaan ykn duubbee halluu ifa ta'een argisiisu qaba. Maashiniin kun hedfooniidhaan waraqaa filannoo sana isiniif dubbisuu danda'a. Waraqaa filannoo keessan kiipaadii bireelii, iskiriinii tuqamu ykn meeshaa afaaniin afuufamu fayyadamuun guutuun ni danda’ama. Erga filannoo keessan xumurtanii booda, maashiniin kun waraqaa filannoo keessan kan guutame isiniif maxxansa/pirinti godha.

## *KONKOLAATAA KEESSA TAA'ANII FILACHUU*

Yoo salphaatti konkolaataa keessan keessaa bu’uu hin dandeenye, waraqaan filannoo akka alatti isiniif dhufu gaafachuu dandeessu. Kunis "konkolaataa keessa taa'anii filachuu" jedhamee beekama. Qondaaltoonni filannoo lama paartilee siyaasaa guguddoo garaa garaa irraa waraqaa filannoo isiniif fidu. Yeroo filattanii xumurtan, qondaaltoonni filannoo waraqaa filannoo keessan ol galchuudhaan saanduqa filannoo keessa kaa'u.

## *WARAQAA FILANNOO KAN BIRAA ARGACHUU*

Osoo waraqaa filannoo keessan saanduqa keessa hin buusin dura yoo dogoggortan, waraqaa filannoo kan biraa argachuuf mirga qabdu.

## *KOMII DHIYEEFFACHUU*

Yoo akkaataan raawwii filannoo isin hin gammachiifne, bakka filannoo keessanitti komii barreeffamaa dhiyeessuuf mirga qabdu.

*Mnvotes.gov daawwachuu fi sagalee kennuuf galmaa'uuf*
*koodii kana iskaan godhaa!*